w

"Achieving consensus on the science of food regulations and legislation to ensure the global availability of safe and wholesome food products for all consumers"

"Seerotaafi labsiiwwan saayinsaawaa waliigalteerra gahuun nyaata nagayaafi gabbisaa ummata addunyaa maraaf dhiheesuuf gargaara"

Miidiyaa kana qunnamuuf: Garee Sub-qunnamtii KWA dubbisaa communications@globalharmonization.net

Batalumatti kan ba'u

Kaka'umsi Walsimsiisuu Adunyaa

Iddoo balaa nageenya nyaataa iccitiin itti gabaasan bane

Toorri interneetii sararraa haaraan kuni kutaa addunyaa kamirraayuu, namoota kamiyyuu warshaale nyaataafi dhugaatii keessa dalaganiin balaan nageenya nyaataa haala iccitii ta'een erguu dandeessisa

Veenaa, Oostriyaa, Fulbaana 9፣ 2021 – Kaka'umsi Walsimsiisuu Adunyaa (KWA) iToora interneetii balaan nageenya nyaataa itti gabaafamu banuu isaa gamachuun ibsa. Kunis kan argamu፡ https://whistle.globalharmonization.net Toorri interneetii kuni biyyaa addunyaa kamittuu namootni warshaa nyaataafi dhugaatii keessa dalagan hundaan dhaqqabaa.

"*Hojjettooni warshaalee nyaataa addunyaa kanarra jiran hedduun isaani yaaddoo nagneenya nyaataa yoo qabaatanis gara keessatiin hooggantoota worshaattis ta'ee gara qama dhimmi ilaallatutti erguuf ni sodaatu. Hojjettoonni gargariin garuu sammuu isaaniif jedhanis ummata bal'aa balaa hamaarraa baraarufis jedhanii balaa nageenya nyaataa gabaasuun hojiirraa ari'amuu dabalatee waan isaanirra gahuu danda'u hunda fudhatan. Ammas hireen namoota akkanaa kun wabii argachaa hinjiru. Kana hambisuuf jecha KWA toora interneetii iccitiidhaan balaan nageenya nyaataa itti gabaafamu dhiihesse. Kana keessatti xiyyeefanoon guddaan kan kenname iccitooma adeemsa kanaa yoo ta'u kana haala onnachiisaan kan raawwanne toora interneetiirratti seera kophummaa ykn mateengaatti fayyadamuun namootni akka eegaman taasisuu yoo ta'u unkich wayta guutamu odeeffanoon dhuunfaa akka hindalamne irra deddeebiin yaadachiisa."* Prezidantiin KWA Huub Lelieveld akkas jedhani፡-

Guyyaa guyaadhan bakka hundatti warshaaleen nyaataafi dhugaatii omishaalee nageenyi isaanii eegaman, kan nama gabbisaniifi kan haalan mi'aawan ummata addunyaaf dhiheessan. Haa ta'uu malee, omishaaleen madaallii ofdanda'iinsa nageenyaa kan hinguutin akka tasaas, darbee darbees haa ta'u jedhamee qophaa'ee gabaatti dhihaatuu danda'u. Omishaaleen akkanaa yaaddoo nageegnaafi fayyaa ummata bal'aa taa jiran waan ta'eef KWA balaa akkasii too'achuurratti gumaacha gochuun deegaruu jaalata.

Rakkoowan nageenya nyaataa yaaddoo gudda fayyaa ummata bal'aa yoo ta'an, hubaatii fayyaa cimaa fi yoo hammaate lubbuu dabarsuus danda'u. Rakkoowan nageenya nyaataa yaaddoo gudda ummata addunyaa ta'uun ummatni nyaata gahaa, qulqulluufi gabbisaa argachuu dhorkuu. Biyyoota hinda keessatti taateen rakkoo nageenya nyaataa gabaafamuu dabalaa kan jiru yoo ta'u, kunis dabaluu too'annoofi sirnoota gabaasa isaaniiti. Inni biraa gargaare jedhamee

amanamu dammaqiinsa waa'ee nageenyafi qulqullina nyaataafi dhugaati hojjetoota warshaalee nyaataa, akkasumas namoota biro bittaa-gurgurtaa omishaalee keessatti hirmaatan biratti uumamaa jiruudha. Haa ta'uu malee ammas lakkoofsi taatee rakkoo nageenya nyaataa gabaafamuu baay'ee gadi aanaadha. Kunis rakkoowwan nageenya nyaataa dhokatoon biyyoota addunyaa hunda keessa akka jiru calaqqisiisa.
Haala hammaataa akkasii keessatti rakkooleen nageenya nyaataa kan qunnaman shaakallii dantaa dhabiinsa waliin umamuun sirnoota eegaman hordofuu dhabuu ykn adeemsa sirraawaa dhabuurraa kan ka'uudha. Sammuuleen badiis sababii balaa nageenya nyaataa hedduu waan ta'aniif yaaddoo guddaa ta'anii itti fufu. Ta'ee jedhamees bu'aa baay'ee argachuuf jecha nyaata qulqullinni isaa gadi aanaafi dhorkamaniitti fayyadamuun fayyaafi lubbuu ummataa balaarra buusuun yeroo hedduu gabaafama.

Nageenya nyaataaf xiyyeefannoon kennamuufi seerri bahu hundi biyyoota gara garaa keessatti walqixa miti. Mootummoonni biyyoota adda addaa haalli seera kanniin hojiirra itti olchan adda addummaa qaba. Sirni rakkoon nageenya nyaataa itti gabaafamu biyyoota gargarii keessa yoo jiraatan namoota odeeffannoo kennuf fedhii qabaniif dhihaata. Haa ta'uu malee sadarkaan eegumsa sirnoonni kunniin namoota gabaasa godhaniif taasisu garaagarummaa guddaa qaba.

Sadarkaalee eegumsa biyyoonni gariin dhiheessanillee, namoonni heddun adda baafamuuf yaaddoo qabu. Sababoota kanaafi barbaachisummaa hatattaam gabaasuu rakkoo nageenya nyaataatiin walqabatee, KWA toora interneetii kallattii kan salphaatti dhaqabamuu – isa toora interneetii gabaasa rakkoo nageenya nyaataa jedhamu, kan haala amansiisaan iccitoomaa ta'e qopheessee dhiheessee jira. Toorri interneetii gabaasa rakkoo nageenya nyaataa kuni ammafi affaan Ingliffaa addunyaatiin, yeroo dhihootti afaanota addunyaa 30 ol ta'aniin dhihaachuuf jira.

Taatewwan ciccimoon KWAtti ergaman hunduu gareewwan haayyolii nageenya nyaataan madaalaman. Gabaasota KWAn "cicccimoo" jedhee mirkaneesse (jechuun kan balaa hamaa ummatarraan gahuu danda'an) hunda KWAn gara aanga'oota biyya dhimmi ilaallatuutti erguun akkaa sirritti qoratamaniifi hordofaman gaafata. Toorri interneetaa kuni kan banamus miidiyaalee hawaassummaatiin duula ummataafi hojjettoota warshaalee nyaataafi dhugaatii beeksisanifi dammaqsan waliin yoo ta'u, kunis hojjettoota kanniin balaa nageenya nyaata akka gabaasan isaan kakaasufi fayyada. Odeeffannoo fakkiin dhihaatan armaand gadii ilaalaa:

w

"Achieving consensus on the science of food regulations and legislation to ensure the global availability of safe and wholesome food products for all consumers"

"Seerotaafi labsiiwwan saayinsaawaa waliigalteerra gahuun nyaata nagayaafi gabbisaa ummata addunyaa maraaf dhiheesuuf gargaara"

Facebook: GHI4FoodSafety **Twitter:** @GHI4FoodSafety **LinkedIn:** global-harmonization-initiative